COVID-19 Gargaarsa Furii Kiraa Manaa

Gaaffii fi deebii

Information in Oromo

Gargaarsi furii kiraa manaa maali?

Namoota kiraa manaa fudhataniif Mootummaan Victoria miliyoona $80 gargaarsa ramadee jira. Maallaqni kun namoota sababa dhibee daddabraa coronavirus (COVID-19) jecha galii maallaqaa dhabaniif. Viktoriyanotni kiraa of irraa baasuuf rakkoo keessa jiran tarii gargaarsa maallaqaa hanga $3,000 argachuu danda'u.

Gargaarsa furii kiraa manaa kana eenyutu argachuu danda'a?

Gargaarsa maallaqaa kana argachuuf kan ati tahuu qabdu:

- Nama mana kiraa sitti kenne waliin akka kiraan manaa siif hir'isu waliif galtee irra geessee, kiraa manaa akka haarayaatti Consumer Affairs Victoria waliin galmeessite yoo tahe. Yoo nama mana kiraa irraa fudhatte waliin waliif galtee irra gahuu dadhabde Consumer Affairs Victoria irraa gorsa gaafadhu
- Galiin maallaqaa ati argattu torbanitti $1,903 gadi tahuu qaba
- Maallaqni ati kuusattee of harkaa qabdus $10,000 gadi tahuu qaba.

Iyyannaa naqachuuf lammii biyyaa (citizenship) yookaan jiraataa dhaabbataa (permanent residency) biyya kanaa tahuu hin qabu.

Gargaarsa maallaqaaf akkamiin iyyadha?

Yoo waliif galtee kee akka haarayaatti Consumer Affairs Victoria waliin galmeessite tahe sararaa interneetaa irraan Gargaarsa Furii Kiraa Manaaf iyyata kee kara, <https://rentrelief.covid19.dhhs.vic.gov.au/> nagachuu dandeessa.

Gargaarsi maallaqaa kun maalfaaf dhimmi itti bahama?

Yoo gargaarsi maallaqaa kun siif hayyamame gatiin kiraa manaa kee akka waliif galtee haaraya wal taataniitti nama mana kiraa siif kenne sanaaf kafalama.

Odeefannoo dabalaa eessaan argadha?

Odeeffannoo haaraya dhimma COVID-19 Gargaarsa Furii Kiraa Manaa, <https://www.housing.vic.gov.au/help-renting/rentrelief> laali.

Waliif galtee kiraa manaa haaraya galmeessuuf yookaan gargaarsa Consumer Affairs Victoria irraa yoo barbaadde <https://www.consumer.vic.gov.au/resources-and-tools/advice-in-a-disaster/coronavirus-covid19-and-your-rights/renting-rules-and-support-during-the-moratorium> laali.

Odeeffannoo olitti kenname kana ilaalchisee afaan hiikaa yoo barbaadde Translating and Interpreting Service (TIS National) 131 450 irratti bilbili.

Abboomsaa fi maxxansaan Mootummaa Victoria, 1 Treasury Place, Melbourne.

© Godinaa Victoria, Australia, Damee Fayyaa fi Tajaajila Namummaa (Department of Health and Human Services), Ful-baana (September) 2020.

VICTORIA State Government | Health and Human Services